PDF Compressor Free Version

# Saayinsii Naannoo

## Qajeelcha Barsiisotaa










## Kutaa 1

PDF Compressor Free Version

# Saayinsii Naannoo

# Kitaaba Barattootaa Kutaa 1


## Qopheessitoota

Gaaddisaa Badhaadhaa
Nigusee Lammaa
Tijjaanii Huseen
Zawduu Tulluu

## Gulaaltota

Assaggid Darajjee
Fiqaaduu Kabbadaa
Girmaayee Daffaar
Guutaa Hundee
Taarikuu Diggaa

## Madaaltota

Darajjee Mokonnin

**Giraafiksii** Taaddasaa Dinquu

**Fakkibsaa** Buzaayyoo Girmaa

PDF Compressor Free Version

© Biiroo Barnootaa Oromiyaa, 2014/2022

Kitaabni kun walta'iinsa Biiroo Barnootaa Oromiyaafi Kolleejjii Barnoota Barsiisotaa Asallaatiin bara 2014/2022 qophaa'e.

Mirgi abbeentaa kitaaba kanaa seeraan eegamaadha. Hayyama Biiroo Barnootaa Oromiyaatiin ala guutummaanis ta'e gamisaan maxxansuus ta'e baay'isanii raabsuun seeraan nama gaafachiisa.

PDF Compressor Free Version

# Baafata

**Qabiyyee** **Fuula**

BOQONNAA 1 ....................................1

SAAYINSII HUBACHUU.............................................1

1.1. Kutaalee Ala Nafa Keenyaa..................................1

1.2. Qaamolee Miiraafi Faayidaa Isaanii ...............5

1.3. Ofeeggannoo Qaamolee Miiraa .......................10

1.4. Walitti Dhufeenya Qaamolee Miiraa ............12

1.5. Qulqullina Dhuunfaa Eeguu..............................15

1.6. Ifa...................................................................19

BOQONNAA 2 ARGAMA.........................................25

2.1. Maalummaa Argamaa.......................................25

2.2. Kallattiiwwan.....................................................28

2.3. Argama Qe'ee, Daandiifi Mana Barnootaa..32

2.4. Maqaafi Argama Ollaa Keenyaa......................33

BOQONNAA 3....................................38

NAANNOO UUMAMAA..............................................38

3.1 Haala Qilleensaa................................................38

3.2 Ta'iiwwan Uumamaa...........................................39

3.3 Lubbu-qabeeyyiifi Lubbu dhabeeyyii Naannoo Keenyaa.........................................................44

PDF Compressor Free Version
3.4 Qulqullina Dhuunfaafi Naannoo........................67

**BOQONNAA 4....................................75**

NAANNOO HAWAASUMMAA.................................75

4.1 Miseensota Maatiifi Gahee Isaanii..................75

4.2. Wantoota Bu'uuraa Jireenya Maatiif Barbaachisan.................................................85

4.3Hawaasummaa Mana Barnootaa.......................88

4.4. Walitti Dhufeenya Hawaasa Mana Barnootaa...........................................................89

4.5 Naamusa Mana Barnootaa.................................93

**BOQONNAA 5....................................96**

DHIMMOOTA HUNDA GALEESSA IJOO............96

5.1 Ofeeggannoo Itti-fayyadama Daandii............96

5.2 HIV/AIDS.......................................................101

PDF Compressor Free Version

# BOQONNAA 1

# SAAYINSII HUBACHUU

## 1.1. Kutaalee Ala Nafa Keenyaa

**Gaaffii hubannoo**

Kutaaleen ala nafa kee maal fa'a?

### A. Kutaalee Ala Nafa Namaa Mormaan Olii



PDF Compressor Free Version

# B. Kutaalee Ala Nafa Namaa Mormaan Gadii



PDF Compressor Free Version

## C. Kutaalee Ala Nafa Namaa Guutuu



PDF Compressor Free Version

## Gocha 1.1.

1. Kutaalee ala nafa keessanii walitti agarsiisaa.
2. Tokko tokkoo maqaa kutaalee ala nafaa fakkii armaan gadii walitti himaa.



PDF Compressor Free Version

# 1.2. Qaamolee Miiraafi Faayidaa Isaanii

## A. Qaamolee Miiraa Shanan



PDF Compressor Free Version

## Gaaffii Hubannoo

Maqaa qaamolee miiraa shanan armaan gadii walitti himaa.




## Gaaffii Hubannoo

1. Qaamolee miiraa kee hiriyaa keetti himi.
2. Qaamolee miiraa kee hiriyaa keetti agarsiisi.

PDF Compressor Free Version

# B. Faayidaa Qaamolee Miiraa



Arguuf



Dhaga'uuf



Dhandhamuuf



Fuunfachuuf



Qaqqabuuf

PDF Compressor Free Version

## Gaaffii hubannoo

Fakkiiwwan kanneen ilaaluun faayidaa qaamolee miiraa hiriyoota keetti himi.



A



B



C



D



F

PDF Compressor Free Version

## Gocha 1.2.

Qaamolee miiraa faayidaa isaanii waliin sararaan walitti firoomsi.

1. Fuunfachuuf



2. Dhandhamuuf



3. Qaqqabuuf



4. Dhagahuuf



5. Arguuf



PDF Compressor Free Version

## 1.3. Ofeegganno Qaamolee Miiraa

### Gaaffii hubannoo

Ofeeggannoo qaamolee miiraaf taasifamu himi.



Aduu keessatti dubbisuu dhiisuu



Dimimmisa keessatti dubbisuu dhiisuu



Wantoota qara qabaniin gurra tuttuquu dhiisuu



Sagalee guddaa irraa ofeeguu

PDF Compressor Free Version



Wantoota arraba miidhan dhandhamuu dhiisuu



Funyaan tuttuquu dhiisuu







Wantoota qara qaban irraa ofeeguu

PDF Compressor Free Version

# 1.4. Walitti Dhufeenya Qaamolee Miiraa

## Gaaffii hubannoo

Fakkii armaan gadii ilaaluun walitti dhufeenya qaamoleen miiraa waliin qaban himi.



Funyaan qabachuun arrabaan dhandhamuu



Afaan qabachuun funyaaniin fuunfachuu

Funyaaniifi arrabni walitti dhufeenya qabu.

PDF Compressor Free Version

## Gocha 1.3

Walitti dhufeenya qaamolee miiraa gidduu jiru hubachuuf;

**Wantoota barbaachisan:** loomii, sukkaara, soogidda, abaaboo,

1. Funyaan cuqqaallachuun arraba keetiin karameellaa, loomiifi soogiddaa dabaree dabareen dhandhami.
2. Haaluma walfakkaatuun afaan cuqqaallachuun abaaboofi loomii fuunfadhu.
3. Gochaalee kanneen irraa waan hubatte barsiisaa/tuu keetti himi.

PDF Compressor Free Version

## Gocha 1.4

Faayidaa qaamolee miiraa hubachuuf qophii akaayii boqqolloo daawwadhu.

  

Sagalee xaaxee akaayii qaama miiraa kamiin adda baafanna?

Halluu akaayii qaama miiraa kamiin adda baafanna?

Foolii akaayii qaama miiraa kamiin adda baafanna?

Jajjabinaafi lallaafina akaayii qaama miiraa kamiin adda baafanna?

Dhandhama akaayii qaama miiraa kamiin adda baafanna?

PDF Compressor Free Version

# 1.5. Quiqullina Dhuunfaa Eeguu

## Gaaffii hubannoo:

Gochaalee fakkiiwwan irratti raawwatamaa jiran walitti himaa.



PDF Compressor Free Version

## Gocha 1.5

Gochaalee armaan gadii walduraa duuban raawwachuun agarsiisi.

1. Harka dhiqachuu,
2. Fuula dhiqachuu,
3. Miila dhiqachuu,

**Meeshaalee barbaachisan:**

- Bishaan
- Saamunaa

PDF Compressor Free Version

# Gocha 1.6

Sararaan walqabsiisuun walitti firoomsi.



Fuula dhiqachuu



Ilkaan rigachuu



Harka dhiqachuu



Nafa dhiqachuu

# Gocha 1.7

Faayidaa qulqullina dhuunfaa eeggachuun qabu maatii kee gaafachuun dareetti himi.

PDF Compressor Free Version

# Fayyaa Namoota Birootiif Yaaduu




Mana fincaaniitti fayyadamuufi qulqullina isaa eeguu




Funyaanifi afaan haguuggachuun qufa'uu




Wantoota qara qaban waliin fayyadamuu dhiisuu

PDF Compressor Free Version

# 1.6. Ifa

## Gaaffii hubannoo

Ifni maali? Dukkanni hoo?

Ifni naannoo keenya arguuf kan nu gargaarudha.

Ifni maddoota ifaa irraa argama.

## Maddoota ifaa



Ifa aduu



Ifa urjiilee



Ifa Ampoolii



Ifa dungoo

PDF Compressor Free Version

# Dukkana

Dukkanni dhabamuu ifaati.





PDF Compressor Free Version

## Gilgaala Boqonnaa 1

### A. Deebii sirrii ta'e filadhu.

1. Sagalee raadiyoon darbu qaama miiraa kamiin adda baafna?
   A. Funyaan
   B. Gurra
2. Foolii wantootaa qaama miiraa kamiin adda baafna?
   A. Arraba
   B. Funyaan
3. Dhandhama wantootaa qaama miiraa kamiin adda baafna?
   A. Arraba
   B. Harka
4. Wantoota qaama miiraa kamiin argina?
   A. Gurra
   B. Ija
5. Wantooota hoo'aafi qorraa qaama miiraa kamiin adda baafna?
   A. Harka
   B. Funyaan

PDF Compressor Free Version

B. Sararaan walqabsiisuun walitti firoomsi.

1. Funyaan


2. Gurra


3. Hidhii


4. Miila


5. Harka


PDF Compressor Free Version

## C. Gaaffiilee armaan gadii deebisi.

1. Kutaalee ala nafa namaa fakkii armaan gadii irratti agarsiifaman himi.



PDF Compressor Free Version

2. Faayidaa qaamolee miiraa armaan gadii himi.



A



B



C



D



E

3. Ofeegannoowwan ija, gurra, funyaaniifi arrabaaf taasifamuu qaban maal fa'a?

PDF Compressor Free Version

# BOQONNAA 2

# ARGAMA

## 2.1. Maalummaa Argamaa

Argamni iddoo wanti tokko jirudha.



**Gaaffii Hubannoo**

Fakkii kana keessatti maal fa'a argita?

PDF Compressor Free Version



Barsiisotni barattoota fuulduratti argamu.
Dareen barnootaa barsiisota duubatti argama.

PDF Compressor Free Version



Barattootni daree barnootaa fuulduratti argamu.



Barsiistuun barattoota fuulduratti argamti.

PDF Compressor Free Version

# 2.2. Kallattiiwwan

Bitaa Duuba
Mirga Fuuldura






PDF Compressor Free Version






Manneen jireenyaa barattoota duubatti argamu.
Mukni barattoota irraa gara bitaatti argama.

## Gaaffilee hubannoo:

1 Loon barattoota irraa garamitti argamu?

2 Manni barnootaa barattoota irraa garamitti argama?

PDF Compressor Free Version




Qe'een barattoota irraa gara bitaatti argama.

Manni barnootaa barattoota duubatti argama.

## Gaaffii hubannoo

Suuqiin barattoota irraa garamitti argama?

PDF Compressor Free Version




Keellaan fayyaa mannneen jireenyaa duubatti argama.

## Gaaffilee hubannoo

1. Waajjirri gandaa manneen jireenyaa irraa garamitti argama?
2. Tiraaktarri manneen jireenyaa irraa garamitti argama?
3. Odaan manneen jireenyaa irraa garamitti argama?

PDF Compressor Free Version

## 2.3. Argama Qe'ee, Daandiifi Mana Barnootaa




Daandiin mana barnootaafi qe'ee gidduutti argama.

Qe'een daandii irraa gara bitaatti argama.

**Gaaffii hubannoo:**

Manni barnootaa daandii irraa garamitti argama?

PDF Compressor Free Version

# 2.4. Maqaafi Argama Ollaa Keenyaa



## Gaaffii hubannoo

Ollaawwan bitaafi mirgaa mana keessanii walitti himaa.

PDF Compressor Free Version



Mana obbo Tolaa | Mana adde Boontuu | Mana obbo Fayyisoo

Manni Aadde Boontuu mana Obbo Fayisoo irraa gara bitaatti argama.

## Gaaffii hubannoo

Manni Obbo Tolaa mana Aadde Boontu irraa garamitti argama?

## Gocha 2.1

**Mooraa mana barnootaa kee daawwadhu:**

1. Manni fincaanii daree kee irraa garamitti argama?
2. Dirreen ispoortii daree kee irraa garamitti argama?

PDF Compressor Free Version

## Gilgaala Boqonnaa 2

### A. Fakkii ilaaluun dhugaa yookiin soba jedhii deebisi.




1. Baankiin gamoo fuulduratti argama.
2. Manni jireenyaa baankii duubatti argama.
3. Ambulaansiin hospitaala fuulduratti argama.
4. Konkolaataan baankii duubatti argama.

PDF Compressor Free Version

## B. Fakkii kana ilaaluun gaaffilee deebisi.



1. Mana duubatti maaltu argama?
2. Boqqolloon mana irraa garamitti argama?
3. Hoolonni mana irraa garamitti argamu?
4. Loon mana irraa garamitti argamu?

PDF Compressor Free Version

## C. Shaakala

1. Fakkii mana jireenyaa maatii keefi mukkeenii kaasi.
2. Kallattii argama fakkiiwwan kanneenii walbira qabuun himi.

D. Kopheewwan armaan gadii keessaa kophee miila mirgaa kan ta'e kami?



A B

PDF Compressor Free Version

# BOQONNAA 3

# NAANNOO UUMAMAA

## 3.1 Haala Qilleensaa



Duumeessa



Rooba



Bubbee



Aduu



Ho'a



Qorra

Haalli qilleensaa yeroo yeroon jijjiirama.

PDF Compressor Free Version

# 3.2 Ta'iiwwan Uumamaa

Halkanifi guyyaa,

Bona, ganna, birraafi arfaasaa,

Gogiinsaafi lolaa

Sabbata waaqayyoo

## A. Ta'iiwwan Uumamaa Marsaa Marsaan Uumaman

### 1. Guyyaafi Halkan



Guyyaa



Halkan

Yeroon biiftuun baatee hanga lixxutti jiru **guyyaa** jedhama.
Yeroon biiftuun lixxee hanga baatutti jiru **halkan** jedhama.

PDF Compressor Free Version

# 2. Waqtiilee

**Ganna:** Yeroo roobaafi biqiltuun dhaabbatu.




**Birraa:** Yeroo roobni caamuufi abaaboon daraaru.




**Bona:** Yeroo midhaan dhahamuufi oomishinni walittiqabamu.




**Arfaasaa:** Yeroo roobni darbee darbee roobuufi margi biqilu.




PDF Compressor Free Version

## Gocha 3.1.

1. Fakkiwwan armaan gadii ilaali. Tokkoon tokkoo fakkii kanaa waqtii isa kam agarsiisa?




## B. Ta'iiwwan Uumamaa Darbee Darbee Mul'atan

Sabbata waaqayyoo

Lolaa

Gogiinsa

Bubbee

PDF Compressor Free Version

## 1. Sabbata waaqayyoo

### Gaaffii hubannoo

Sabbanni waaqayyoo yeroo akkamii uumama?



Sabbanni waaqayyoo yommuu ifni aduu rooba keessa darbu uumama

## 2. Lolaa

### Gaaffii hubannoo

Naannoo keessanitti lolaan yeroo akkamii uumama?





Lolaan yommuu roobni baay'atu uumama.

# 3. Gogiinsa

PDF Compressor Free Version

## Gaaffii hubannoo

Gogiinsi yeroo akkamii uumama?





**Gogiinsi yommuu roobni dhabamu uumama**

## Gaaffii hubannoo

Ta'iiwwan uumamaa armaan gadii amala isaaniitiin gabatee keessatti barreessi.

| | | | |
|---|---|---|---|
| Bubbee | Ganna | Bona | Halkan |
| Lolaa | Birraa | Guyyaa | Gogiinsa |

| Darbee darbee uumamu | Marsaa marsaan uumamu |
|---|---|
| Bubbee | Ganna |
| | |
| | |
| | |
| | |
| | |

PDF Compressor Free Version

# 3.3 Lubbu-qabeeyyiifi Lubbu dhabeeyyii Naannoo Keenyaa

## 1. Lubbu-qabeeyyii Naannoo Keenyaa

| |
|---|
| Biqiltoota |
| Bineeldota |

### A. Biqiltoota Naannoo Keenyaa


Gaattiraa


Laaftoo


Birbirsa


Odaa

PDF Compressor Free Version



Boqqolloo



Buna



Mishingaa



Muuzii



Maangoo



Timaatima



Shankoora



Moosee



Raafuu

## Gocha 3.2

Mooraa mana barnootaa kee daawwachuun biqiltoota argaman maqaa himi.

# B. Bineeldota Naannoo Keenyaa

PDF Compressor Free Version

## Gaaffii hubannoo

Bineeldota naannoo keetti argaman himi.



Sa'a



Farda



Hoolaa



Saree



Adurree



Lukkuu



Simbira



Harree diidoo



Gadamsa

PDF Compressor Free Version



Jeedala



Jaldeessa



Waraabessa



Qurxummii



Naacha



Kanniisa

## Amaloota Lubbu-qabeeyyii

### 1. Amaloota biqiltootaa

#### a. Biqiltoonni niguddatu







PDF Compressor Free Version

## Gocha 3.3.

1. Sanyii baaqelaa qaruuraa pilaastikii biyyeen guutameefi bishaaniin jiidhe keessa kaa'uun biqilchi.
2. Biqilaa kana iddoo ifni aduu jiru kaa'i.
3. Haala guddina biqiltuu kanaa guyyaa guyyaan daawwadhu.
4. Jijjiirama biqiltuu kana irraa hubatte ibsi.

### b. Biqiltoonni walhoru





### c. Biqiltoonni nimiireffatu




Biqiltoonni kallatti ifni jirutti guddatu.

PDF Compressor Free Version

## Gocha 3.4

1. Biqiltuu gocha 3.3 keessatti biqilchite foddaa manaa ifa aduu seensisu irra kaa'i.
2. Amaloota biqiltuu kana irratti guyyaa guyyaan mul'atu daawwadhu.
3. Biqiltuu kana irratti waan argite dareetti himi.

## 2. Amaloota Bineeldotaa

### Gaaffii hubannoo

Amaloota bineeldotaa armaan gadii walitti himaa

### a. Bineeldonni niguddatu





### b. Bineeldonni walhoru








PDF Compressor Free Version

## c. Bineeldonni nisooratu








## d. Bineeldonni nimiireeffatu







## e. Bineeldonni niharganu




PDF Compressor Free Version

f. Bineeldonni qaama isaanii keessaa xuraawaa nidhabamsiisu.






g. Bineeldonni bakkaa bakkatti nisocho'u





## Gaaffii hubannoo

Amaloota biqiltootaafi bineeldota walfakkeessan himi.

PDF Compressor Free Version

# Ramaddii Bineeldota Naannoo keenyaa

| |
|---|
| Beeyiladoota<br>Bineensota |

## 1. Beeyiladoota

Beeyiladoonni bineeldota namatti madaqanii jiraatanidha.


Lukkuu


Harree


Hoolaa


Re'ee


Gaangee


Farda


Adurree


Saree


Sangaa

PDF Compressor Free Version

## Gaaffii hubannoo

Naannoo jireenya keetti beeyiladoonni namatti madaqanii jiraatan maal fa'a?

## Gareewwan Beeyiladootaa

### A. Beeyiladoota Nyaataaf Oolan



Lukkuu



Hoolaa



Sangaa

## Gaaffii hubannoo

Beeyiladoota naannoo keessanitti nyaataaf oolan walitti himaa.

### B. Beeyiladoota Geejjibaaf Oolan



Farda



Harree

PDF Compressor Free Version



Gaangee



Gaala

## Gaaffii hubannoo

Beeyiladoota naannoo keessanitti geejjibaaf oolan walitti himaa.

## 2. Bineensota

Bineensonni bineeldota namatti osoo hinmadaqiin jiraataniidha.



Waraabessa



Jaldeessa



Gadamsa



Leenca



Jeedala

PDF Compressor Free Version


Karkarroo


Qamalee


Bofa


Ruumicha


Naacha


Fattee

## Gaaffii hubannoo

Bineensonni naannoo keessanii eessa jiraatu?

PDF Compressor Free Version

# Ramaddii Bineeldotaa

Uumama isaaniitiin bineeldonni gareewwan adda addaatti ramadamu.

## 1. Walhormaata isaaniitiin

### A. Bineeldota killee buusuun walhoran



Lukkuu



Simbira



Bofa



Naacha

**Gaaffii hubannoo**

Bineeldota naannoo keetii killee buusuun walhoran himi.

PDF Compressor Free Version

### B. Bineeldota ilmoo dhaluun walhoran


Saree


Simbira halkanii


Nama


Harree


Sa'a


Hantuuta

## 2. Sochii isaaniitiin

### A. Bineeldota Balali'an


Sololiyaa


Ruumicha


Culullee

**Gaaffii hubannoo**

Bineeldota naannoo keetii balali'uu danda'an himi.

PDF Compressor Free Version

## B. Bineeldota Lafa irra loo'an



Jawwee



Bofa

### Gaaffii hubannoo

Bineeldota naannoo keetii lafarra loo'an himi.

## C. Bineeldota lukaan deeman



Guchii



Arba



Kuruphee

### Gaaffii hubannoo

Bineeldota naannoo keetii lukaan deeman himi.

PDF Compressor Free Version

# 3. Baay'ina luka isaaniitiin

## A. Bineeldota luka afur qaban


Sardiida


Re'ee


Sa'a

### Gaaffii hubannoo

Bineeldota naannoo keetii luka afur qaban himi.

## B. Bineeldota luka lama qaban


Gogorrii


Daakiyyee


Guchii

### Gaaffii hubannoo

Bineeldota naannoo keetii luka lama qaban himi.

PDF Compressor Free Version

## C. Bineeldota luka jaha qaban



Titiisa



Kanniisa



Hawwaannisa

### Gaaffii hubannoo

Bineeldota naannoo keetii luka jaha qaban himi.

## D. Bineeldota luka maleeyyii



Cilalluu



Bofa



Qurxummii

PDF Compressor Free Version

# 4. Soorata isaaniitiin

Bineeldonni tokko tokko biqiltoota sooratu.
Bineeldonni tokko tokko foon sooratu.

## Gaaffii hubannoo

Bineeldonni armaan gadii maal sooratu?


Jeedala


Hoolaa

## A. Bineeldota biqiltoota sooratan


Sattawwaa


Harree diidoo


Farda


Loon


Hoolaa


Re'ee


Illeettii


Bosonuu

PDF Compressor Free Version

## Gaaffii hubannoo

Bineeldota biqiloota sooratan kan biroo himi.

## B. Bineeldota foon sooratan



Sardiida



Leenca



Ruumicha



Waraabessa



Qeerransa

## Gaaffii hubannoo

Bineeldota foon sooratan biroo himi.

## C. Bineeldota fooniifi biqiltoota sooratan



Nama



Jaldeessa



Hantuuta

PDF Compressor Free Version

# 6. Bakka jireenya isaaniitiin

## A. Bineeldota lafa irra jiraatan



Sardiida



Arba



Harree

**Gaaffii hubannoo**

Bineeldota lafa irra jiraatan kan biroo himi.

## B. Bineeldota bishaan keessa jiraatan



Roobii



Qurxummii

## C. Bineeldota lafa irraafi bishaan keessa jiraatan



Raacha



Fattee

PDF Compressor Free Version

# 7. Uwwisa qaama isaanitiin

## A. Bineeldota qaamni isaanii gogaa jabaataan uwwifame



Naacha



Qurxummii



Qocaa

## B. Bineeldota gogaan isaanii rifeensa qabu



Qamalee



Re'ee



Farda

### Gaaffii hubannoo

Bineeldota gogaan isaanii rifeensa qabu kan biroo himi.

PDF Compressor Free Version

## C. Bineeldota Koochoo qaban



Gugee



Cululleee



Lukkuu

PDF Compressor Free Version

**Gaaffii:** Bineeldota gabatee keessatti fakkeeffamaniif soorata isaanii barreessi.

| Bineeldota | Soorata |
|---|---|
|  | |
|  | |
|  | Biqiltoota |
|  | |
|  | |
|  | |

PDF Compressor Free Version

# 2 Lubbu-dhabeeyyii

## Lubbu-dhabeeyyii naannoo keenyaa



Dhagaa



Minjaala



Kubbaa



Kitaaba



Qalama



Bishaan

## Amaloota lubbu-dhabeeyyii

- Hinguddatan
- Hinsooratan
- Wal hinhoran
- Hinharganan
- Hinsocho'an

PDF Compressor Free Version

## Gocha 3.5

Wantoota armaan gadii lubbu-qabeeyyii yookiin lubbu-dhabeeyyii jedhii ramadi.



Birbirsa



Teessoo



Dhagaa



Billaacha



Qullubbii



Konkolaataa



Mismaara



Qoraan



Marga



Goondaa

| Lubbu-qabeeyyii | Lubbu-dhabeeyyii |
|---|---|
| Goondaa | Dhagaa |
| | |
| | |
| | |
| | |

PDF Compressor Free Version

# 3.4 Qulqullina Dhuunfaafi Naannoo





Nyaata duraafi booda harka dhiqachuu







Ilkaan rigachuu Rifeensa dhiqachuu Uffata miiccachuu





Mana jireenaafi naannoo ofii qulqulleessuu

PDF Compressor Free Version





Mana fincaanii qulqullina qabutti fayyadamuu





Mana fincaanii yoo bahan harka dhiqachuu







Balfa iddoo qophaa'e keessatti gatuu

PDF Compressor Free Version





Mana barnootaa qulqulleessuu

## Gaaffii hubannoo

Qulqullina dhuunfaafi naannoo eeguun barbaachisu kan biroo himi.

PDF Compressor Free Version

# Gilgaala Boqonnaa 3

## A. Deebii sirrii filadhu

1. Waqtiin gannatti aanee dhufu maal jedhama?
   A. Birraa
   B. Arfaasaa
   C. Bona
   D. Ganna
2. Killee buusuun kan walhoru kami?
   A. Hoolaa
   B. Hantuuta
   C. Guchii
   D. Adurree
3. Ilmoo dhaluun kan walhoru kami?
   A. Naacha
   B. Bofa
   C. Lukkuu
   D. Farda
4. Uwwisa gogaa jabaataa kan qabu isa kami?
   A. Naacha
   B. Lukkuu
   C. Sa'a
   D. Harree

PDF Compressor Free Version

5. Kamtu lafa irra loo'uun deema?

   A. Ruumicha
   B. Qocaa
   C. Bofa
   D. Illeettii

6. Waggaa keessatti waqtiilee meeqatu jiru?

   A. Lama
   B. Sadii
   C. Afur
   D. Tokko

7. Ta'ii uumamaa kan ta'e kami?

   A. Sabbata waaqayyoo
   B. Lolaa
   C. Gogiinsa
   D. Hunda

PDF Compressor Free Version

## B. Gaaffilee armaan gadii deebisi

8. Lakkoofsonni fakkii armaan gadii waqtii isa kami bakka bu'u?




9. Gogiinsi yeroo kam uumama?

10. Amaloota lubbu-qabeeyyii tarreessi.

11. Amaloota lubbu-dhabeeyyii tarreessi.

PDF Compressor Free Version

# BOQONNAA 4

# NAANNOO HAWAASUMMAA

## 4.1 Miseensota Maatiifi Gahee Isaanii

### A. Miseensota Maatii

Abbaa
Haadha
Ijoollee



**Gaaffii hubannoo**

Maqaa miseensota maatii keetii dareetti himi.

PDF Compressor Free Version

# B. Gaheewwan Miseensota Maatii

## 1. Gahee Haadhaafi Abbaa

Daa'imman kunuunsuun guddisuu





Nyaata gahaa kennuu





Daara baasuu



Taphachiisuu



Gorsuu

PDF Compressor Free Version

# Maatii qulqullina ijoollee eegan



Harka dhiquu



Fuula dhiquu

PDF Compressor Free Version



Miila dhiquu



Rifeensa dhiquu

PDF Compressor Free Version



Nafa dhiquu

PDF Compressor Free Version



Daa'imman barsiisuu



Daa'imman qo'achiisuu

PDF Compressor Free Version

## Gocha 4.1

Gahee hojii maatii kee irratti hiriyaa kee waliin mari'achuun dareef ibsi.

## 2. Gahee Ijoollee

### Taphachuu


Fuula dhiqachuu


Harka dhiqachuu


Miila dhiqachuu


Uffata ofiin uffachuu


Kophee kaawwachuu


Siree afachuu

PDF Compressor Free Version



Kubbaa taphachuu



Utaalcha wadaroo



Saddeeqa taphachuu



Biyyii taphachuu



Tapha takii

PDF Compressor Free Version

## Hamma danda'amiin maatii gargaaruu



Harka dhiqachiisuu



Mana qulqulleessuu



Biqiltuu bishaan obaasuu

## Gaaffilee hubannoo

1. Gahee maatiin ijoollee kunuunsuu keessatti qaban himi.

Gahee ijoolleen ofdanda'uu keessatti qaban himi.

# Barachuu

PDF Compressor Free Version



Hoji-manee hojjechuu



Qo'achuu

## Gaaffii hubannnoo

Gahee maatii kee keessatti qabdu dareef ibsi.

PDF Compressor Free Version

## 4.2. Wantoota Bu'uuraa Jireenya Maatiif Barbaachisan

### Gaaffii hubannoo

Jiraachuuf maaltu barbaachisa?

### A. Nyaata










PDF Compressor Free Version

# B. Uffata










PDF Compressor Free Version

## C. Mana jireenyaa








PDF Compressor Free Version

# 4.3 Hawaasummaa Mana Barnootaa

## Gaaffii hubannoo

Mana barnootaa keessatti eenyu fa'atu argama?



Hawaasa Mana Barnootaa

PDF Compressor Free Version

## 4.4. Walitti Dhufeenya Hawaasa Mana Barnootaa

### Gaaffilee hubannoo

Mana barnootaa keessatti maal fa'a waliin hojjettu?

Taphoota mana barnootaatti hiriyaa waliin taphattan walitti himaa.

PDF Compressor Free Version

## Waliin Taphachuu

Taphoota barattoonni mana barnootaa keessatti waliin taphatan



PDF Compressor Free Version

## Waliin barachuu







PDF Compressor Free Version

## Daree waliin qulqulleessuu



## Mooraa mana barnootaa waliin qulqulleessuu



PDF Compressor Free Version

## Biqiltoota waliin kunuunsuu



## 4.5 Naamusa Mana Barnootaa

Uffata dambii uffachuu
Sirna alaabaa kabajuu
Yeroo barnootaa kabajuu
Biqiltoota kunuunsuu
Hoji-manee hojjechuu
Hawaasa mana barnootaa kabajuu
Qulqullina dhuunfaa eeggachuu
Dabaree eeguun taphachuu

### Gaaffii hubannoo

Naamusa mana barnootaa kabajamuu qabu kan biroo hiriyaa keetti himi.

PDF Compressor Free Version

## Gilgaala Boqonnaa 4

### A. Dhugaa yookiin soba jechuun deebisi.

1. Daa'ima guddisuun gahee haadhaa qofadha.
2. Waliin taphachuun ijoolleef gaariidha.
3. Gaheen maatii ijoollee kunuunsanii guddisuudha.
4. Naamusa mana barnootaa keessa tokko barsiisota kabajuudha.

### B. Kan sirrii ta'e filadhu.

1. Miseensa maatii kan ta'e kami?

   A. Abbaa

   B. Ijoollee

   C. Haadha

   D. Hunda

2. Jireenya maatiif bu'uura kan ta'e kami?

   A. Tapha

   B. Konkolaataa

   C. Uffata

   D. Bashannana

PDF Compressor Free Version

3. Naamusa mana barnootaa kan ta'e kami?

   A. Uffata dambii uffachuu

   B. Biqiltoota kunuunsuu

   C. Sirna alaabaa kabajuu

   D. Hunda

## C. Gaaffilee armaan gadii deebisi.

1. Wantoonni jireenya maatiif bu'uura ta'an maal fa'a?
2. Maatii keessatti gaheen ijoollee maali?
3. Miseensota hawaasa mana barnootaa tarreessi.
4. Mana barnootaa keessatti barattoonni maal fa'a waliin hojjetu?

PDF Compressor Free Version

# BOQONNAA 5

## DHIMMOOTA HUNDA GALEESSA IJOO

### 5.1 Ofeeggannoo Itti-fayyadama Daandii

#### 1. Dambiiwwan tiraafikii bu'uuraa

A. Kallattii daandii gara bitaan deemuu

B. Mallattoo zebraa irra qaxxaamuruu

C. Mallattoolee ifaa tiraafikii kabajuu

D. Daandii irratti taphachuu dhiisuu

E. Qajeelfama tiraafikii hordofuu

F. Karaa miilaa eeggachuun deemuu

PDF Compressor Free Version

## A. Kallattii daandii gara harka bitaan deemuu



## B. Mallattoo zebraa irra qaxxaamuruu



PDF Compressor Free Version

## C. Mallattoolee ifaa tiraafikii kabajuu

Namoota lafoo daandii ce'aniif



Diimaa - daandii ce'i

Keelloo -dhaabbachuuf qophaa'i

Magariisa -dhaabbadhu

PDF Compressor Free Version

## D. Daandii irratti taphachuu dhiisuu



## E. Daandii qaxxaamuruun dura bitaafi mirga ilaaluun ofeeggannoon ce'uu



## F. Karaa miilaa eeggachuun deemuu



PDF Compressor Free Version

## Gaaffii hubannoo

Dambiiwwan tiraafikii bu'uuraa kabajuu qabdu maal fa'a?

## 2. Balaawwan dambii tiraafikii kabajuu dhabuun dhaqaban

### A. Lubbuu balleessuu



### B. Qabeenya mancaasuu





PDF Compressor Free Version

## Gaaffii hubannoo

Miidhaa balaa tiraafikiin mudate kan beektu barsiisaa/tuu keetti himi.

## 5.2 HIV/AIDS

HIV'n vaayirasii dhukkuba AIDS nama qabsiisudha. AIDS'n dhukkuba daddarbaa dawaa hinqabneedha.

Karaalee HIV/AIDS'n ittiin daddarbu

- Meeshaalee qara qaban waliin fayyadamuu.
- Dhiiga vaayirasii kanaan faalame tuttuquu.

## Gaaffilee hubannoo

1. AIDS'n maali?
2. Vaayirasiin dhukuba AIDS nama qabsiisu maal jedhama?

### Miidhaawwan HIV/AIDS

1. Dhukkuboota adda addaafi du'aaf nama saaxila.





PDF Compressor Free Version

## 2. Ijoollee maatii malee hambisuun rakkoof saaxila



### Gaaffii hubannoo

Miidhaawwan HIV/AIDS'n dhaqqaban tarreessi.

PDF Compressor Free Version

# Karaalee HIV/AIDS'n daddarbuu hindandeenye

1. Nagaa walgaafachuu





2. Waliiin taphachuu





3. Walhammachuu





PDF Compressor Free Version

4. Waliin nyaachuu





5. Waliin qo'achuu



PDF Compressor Free Version

## 6. Waliin mar'achuu







## Gocha 5.1

Karaalee HIV/AIDS'n daddarbuu hindandeenye biroo barreessuun dareef dubbisi.

PDF Compressor Free Version

# Gilgaala Boqonnaa 5

## A. Dhugaa yookiin Soba jechuun deebisi.

1. Dambiiwwan tiraafikii keessaa tokko zebraa irra qaxxaamuruudha.
2. Karaa konkolaataa irra yoo deemtu daandii harka bitaa qabattee deemuu qabda.
3. Vaayirasiin HIV daddarbaa miti.

## B. Deebii sirrii ta'e filadhu.

1. Daandii irra yoo deemtu kan raawwachuu qabdu kami?
   A. Daandii irratti taphachuu
   B. Mallattoo tiraafikii eeggachuun qaxxaamuruu
   C. Qajeelfama tiraafikii kabajuu dhiisuu
   D. Hunda
2. Dhukkubni vaayirasii HIV'n dhaqqabu maal jedhama?
   A. Busaa
   B. Qufaa
   C. AIDS
   D. Hunda

5.

PDF Compressor Free Version

## C. Gaaffilee armaan gadii deebisi.

1. Dambiiwwan tiraafikii beektu himi.
2. HIV/AIDS'n maali?
3. Miidhaawwan HIV/AIDS'n dhufu maal fa'a?